# "Sodaachisoodha moo Hubachiisoodha"

**Walbeekaa Lammii Irraa**
**QEERROO Magaalaa Jimmaa irraa**

Hundumtuu qophooftanii Filachuufis kaachufis? Kaardii keessan qopheeffattanii? Ani qophaa'era kaardii koos qopheeffadheen jira kaardii filanoo osoo hin taane kaardii Hospitaalaa. Mootummaa Abbaa irree kan kuffisu dhiibbaa ummataa osoo hin taane dhiibbaa dhiigati. Anis kanaafin kaardii filannoo dhiisee kaardii Hospitaa qopheeffadhe.Mootummaan Abbaa irree qabeenya biyyattii akka barbaade waan saamee nyaatee dhuguuf Kolestiroolii coomatu ujummaa dhiigaa jalaa dhiphesuun dhiibbaa dhiigaf isaan saaxila. Kanaafuu mootummaan abbaa irree hidhannoo ykn dhiibbaa dhiigatiin fonqolfama. Filannoon fakkeessii wayyaaneen waggaa shan shaniin geggeessitu kun jijjirama fida jedhanii amanuu fi hawwuun nama osoo hin facaafatin haammachuuf qophaa'u waliin wal nama fakkeessa. Haata'umalee garuu filannoon kun jijjiiramaaf karaa saaquu danda'a. "Akka idil- Addunyaatti Filannoon tokko filannoo dha jedhamuuf duudhaalee shanan armaan gadii kana guutuu qaba.

1. Filannoo hunda hirmaachisu( Universal suffrage) kana jechuun lammiin biyya tokkoo osoo qabeenyan ykn ulaagaa madaallii kamiinuu garaagarummaan hin jiraatin filannoo irratti hirmaachuu jechuudha.
2. Filannoo Bilisaa( Free suffrage) duudhaan kun immoo giddugalummaa tokko malee fedhii dhuunfaa ofiitin bakka bu'aa ofii filachuu ibsa.
3. Filannoo Iftoominaa( Fair suffrage) kun immoo adeemsa filannoo walaba ta'e kan mul'isuudha.
4. Filannoo yeroo isaa eeggate( Periodic Election) Filannoon biyya tokkoo yeroo murtaawaa ta'e kan heerri fi seerri biyya sanaa murteessee lafa kaa'e irratti hundaa'un yeroo yeroo isaa eeggatee marsaa marsaan geggeeffamuu qaba.
5.Filannoo Icciitin isaa eegame( Secretballot) eenyullee yeroo bakka bu'aa isaa filachuuf sagalee isaa kennu ijji nama kamiyyuu arguu hin qabu ; dhoksaan sagalee isaa kennuu haammata.

Duudhaalee armaan olotti caqafaman kanniin keessaa filannoon mootummaan wayyaanee gaggeessaa jirtu tokkollee hin guutu marsaa isaa eeggatee waggaa shan sjaniin geggeeffamuu irraa kan hafe. kana ergan hanga kana jedhee garan mata duree jalqabeettin seems: Filannoon yeroo shanaffaaf biyya keenya keessatti geggeeffamaa jiru kun Wayyaanetti balaa dhalchuun isaa waan hafuu miti.

Wayyaaneen fincila diddaa gabrummaa sabboontonni barattoonni fi Qeerroo Oromoon dhaabbilee barnoota olaanoo irraa kaasee hanga mana barnoota sadarkaa giddugaleessatti geggeeffamaa jiru fi duula nafiladhaa dhaabbileen mormituu geggeessaa jiraniin baaraguun waan qabee gadi lakkisu wallaalaa jira. Keessumattuu duula na filadhaa gidduu kana paartiin koongirasii federaalistii oromoo lixa shawaa fi goleewwan oromiyaa cufarra socho'un geggeessaa jiru bowwuu mataa itti ta'ee jira. Sirni

gita bittuu wayyaanee akka dhaabbilee mormitootaa ummata walitti qabee sagantaa fi Kaayyoo siyaasa isaa barsiisun duula na filadhaa gaggeessuu irra duula manaa manatti geggeessun ummata doorsisaa jiru.

Torbee kana keessa ergamtuu gita bittuu wayyaanee kan taatee dhaabni maxxannee opdo magaalaa Jimmaa keessaatti kaadiroota fi dabballoota ishee bobbaasun ummata goolaa jirti. Kaadiroonni fi dabballoonni wayyaanee duula manaa manatti geggeessan kana keessatti ummata barsiisuu irra uummata doorsisuu fi sodaachisuu filatan.
Gaaffileen kaadiroonni fi dabballoonni kun ummataan goolaa jiran akka itti aanuttin dhiheessa.
1.kaardii filannoo fudhattanii? yoo hin fudhane maqaa keessanii fi maalif akka fudhachuu dhiiftan nuuf himaa.
2.Barana eenyun filattu? nu hin filattan taanan miidhaa guddaatu isin eeggata jechuun ummata sodaachisaa jiru.
3. Lakkoofsa kaardii filannoo keessanii galmeessisa? Yaa ummata keenya karaa nagaanis qabsaa'a garuu abbaa irree kuffisuun kan danda'amu hidhannoo qofaan ta'uu hubannee Qabsoo Bilisummaa Oromoo ABOn durfamu haa tumsinu .

Qabsoon karaa nageenyaa geggeeffamu Abbaa irree hiddaan buqqisuu baatus mogolee waan buusuf qabsoo karaa nageenyaa geggeessuu eegaltan irraahis of duuba hin deebi'inaa.
QEERROO Magaalaa Jimmaa irraa
Walbeekaa Lammitu gabaase.
Gadaan Gadaa bilisummaa ti !!
Caamsaa 8/2015